# Sanadoota fudhatama qaban kan haaldureedhaan ulaagaa guutan

## Seensa

Yeroo tokko tokko, Washington Healthplanfinder™ uwwisa kennamuuf galmaa’uuf waa’ee maatii keessanii odeeffannoo mirkaneessu dabalataa barbaada. Kunis kan ta'u yoo sirnoonni applikeeshinoo keessan sakatta'an odeeffannoo keessan tokko tokko mirkaneessuu hin dandeenye ta'edha. Odeeffannoo Washington Healthplanfinder tiif dhiyeessuuf tarreeffama guutuu gosoota sanadootaa fudhatama qaban ilaaluuf kutaalee armaan gadii fayyadamaa.

## Qabiyyeewwan


Seensa ... 1
Mirkaneeffannoo galiifi hir’ifamawwanii ... 2
Mirkaneessituu eera qabeessaan jiraachuu ... 4
Ragaa mirkaneessituu lammummaafi lammii U.S ... 11
Uwwisa inshuraansii fayyaa kan biraa akka hin jirre raga mrkaneessu ... 13
Ragaa irkaneessaa hidhamuu dhabuu ... 14
Ragaa Lakkoofsa Wabii Hawaasummaa (SSN) ... 15
Ragaa Mirkaneessaa miseensummaa Gosaa ... 15


Sadaasa 2024 kan fooyya'e

Translation ID: LA-226-4531140_Nov2024_Oromo

# Mirkaneeffannoo galiifi hir’ifamawwanii

## Galii argamu - Mindaa hojii kan ofiin uumatanii hin taaane

- Waraqaa kaffaltaa miindaa. Innis kanneen armaan gadii of keessatti qabachuu qaba:
    - Maqaa guutuu nama sanaa ykn odeeffannoo adda baasuu biroo nama sana waliin walqabsiisuuf.
    - Hanga galii.
    - Yeroo itti kaffalamu ykn hangam akka irra deddeebiin kaffalamu guyyaa kaffaltii waliin.
    - Unka Gibira Galii Federaalaa/Naannoo 1040, 1040NR, 1040A, 1040EZ, 1040PC, 1040X w/original 1040 bara darbee irraa, 1040 yeroo qabameef waliin EIt guutuu, hanga galii fi bara gibiraa nama sanaa qabaachuu qaba.
- Ibsa mindaafi gibiraa (W-2 and/or 1099, including 1099 MISC, 1099G, 1099R, 1099SSA, 1099DIV, 1099SS, 1099INT).
    - Maqaa jalqabaafi maqaa dhumaa nama sanaa, hanga galii, waggaafi maqaa hojjechiisaa (yoo barbaachisaa ta’e) qabaachuu qaba.
- Ibsi hojjechiisaa kanneen armaan gadii of keessatti qabachuu qaba:
    - Maqaa nama qacaramee.
    - Mallattoofi guyyaa hojjechiisaa.
- Galii Biyya Alaa, warqaa kaffaltaa miindaa ykn sanada biroo.
    - Jijjiirraa doolaaraa guyyaa ammaa fayyadamaa.

## Galii argamu – Ofiin ummatanii hojjechuu (galii qonnaa dabalatee)

- Sanada galmee ofiin ummatanii hojjechuu(Gabatee C, ibsa bu’aafi kasaaraa kurmaana kurmaanaan ykn waggaa hanga har’aa isa dhiyoo, ykn galmee ofiin ummatanii hojjechuu ta’uu danda’a).
    - Maqaa jalqabaafi maqaa dhumaa nama sanaa, maqaa dhaabbatichaafi hanga galii of keessaa qabaachuu qaba.
    - Kitaabni of-hojjechuu guyyoota galmeen haguugameefi galii qulqulluu bu’aa/kasaaraa irraa argamu of keessatti qabachuu qaba.
- 1040 SE yeroo qabame C, F, ykn SE waliin (ofiin ummatanii hojjechiisuuf).
- 1065 Yeroo qabameK1 Yeroo qabame E waliin.
- Deebii gibiraa.

- Baasiiwwan hayyamamu HUNDAAF nagaheewwan galmee buukiipping.
- Ibsa baankii (kan dhuunfaafi daldalaa) fi cheekiin haqame.
- Waraqaa yeroo mallattaa’eefi nagahee mindaa, yoo hojjettoota qabaattan.
- Ibsa bu’aafi kasaaraa kurmaana kurmaanaan ykn waggaa hanga har’aa isa dhiyoo.

## Galii hin argamne

- Ibsa waggaa.
- Ibsa qoodinsa sooramaa madda mootummaa ykn dhuunfaa kamirraayyuu.
- Xalayaa beenyaa hojjetaa.
- Badhaasawwan, kan fala argateefi kennaawwan, kanneen akka qallabaaf argameefi xalayaa badhaasa mana murtiin ajaje dabalatee.
- Ragaa mirkaneeffannaa kennaafi gumaacha.
- Ragaa mirkaneeffannoo dhaala maallaqaan ykn qabeenya.
- Ragaa kaffaltii lagannaafi faayidaa biroo waldaalee hojjettootaa irraa argamu.
- Nagahee gurgurtaa ykn ragaa biroo maallaqa gurgurtaa, jijjiirraa ykn bakka bu’iinsa wantoota namni sun qaburraa argame.
- Ibsa galii dhala fi bu’aa qoodame.
- Ibsa liqii galii liqii agarsiisu.
- Ibsa galii mirga abbaa qabeenyummaa ykn 1099-MISC.
- Ragaa mirkaneeffannoo kaffaltii bonasii/onnachiiftuu (akka xalayaa ibsa baankii kuufama agarsiisu).
- Ragaa mirkaneeffannoo kaffaltii hojii raa ari’uu.
- War kaffaltii dhukkubsataa agarsiisu.
- Xalayaa, kuufama, ykn ragaa biroo kaffaltii beenyaa yeroon itti darbe.
- Istaab kaffaltii kan kaffaltii bakka bu’aa/gargaaraa agarsiisu.
- Waraqaa kaffaltaa miindaa boqonnaa agarsiisu.
- Ragaa haftee.
- Xalayaa, kuufama, ykn ragaa mirkaneeffannoo biroo kaffaltii namaaf deebiyu imala/daldalaa.
- Ibsawwan Bulchiinsa Wabii Hawaasummaa (Xalayaa Faayidaawwan Wabii Hawaasummaa).
    - Soorama, Inshuraansii Qaama Miidhamtoota lubbuun hafan (RSDI), Soorama Wabii Hawaasummaa, Inshuraansii Qaama Miidhamtoota Wabii Hawaasummaa (SSDI).
    - Maqaa jalqabaafi maqaa dhumaa, hanga faayidaafi yeroo hangamii keessatti irra deddeebiin akka kaffalamu qabaachuu qaba.
- Xalayaa Faayidaawwan Hoji Dhabdummaa.

- Maqaa jalqabaafi dhumaa nama sanaa, madda/ejensii, hanga faayidaawwaniifi yeroo (guyyaa jalqabaafi xumuraa, yoo barbaachisaa ta'e) of keessaa qabaachuu qaba.

Kanneen armaan olii keessaa tokkollee kan hin jirre yoo ta'e, unkaan Mirkaneessa Ulaagaa Addaa Haala Addaa Keessatti asitti Argamuu danda'a https://www.wahealthplanfinder.org/content/dam/wahbe-assets/materials/exception-to-verification-for-income/HBE_NC_022024_EN_Exception_To_Eligibility_Income_Form.pdf

# Mirkaneessituu eera qabeessaan jiraachuu

## Jiraattota Dhaabbataa Seera Qabeessa ta'an (LPR/Giriin Kaardii kan qabu).

- Kaardii Jiraataa Dhaabbataa ykn "Green Card" (Giriin Kaardii) (I-551).
- Chaappaa I-551 yeroof unka I-94/I-94A irratti ykn paaspoortii biyya alaa irratti.
- Viizaa Godaantotaa Maashiniin Dubbifamuu danda'u kan yeroof ta'e afaan I-551 qabu.
- Hayyama Irra Deebi'anii Galchuu (I-327).
- Galmee Dhufaatii/Bahuu (I-94) (chaappaa akka LPRtti seenuuf agarsiisu).
- Galmee Dhufaatii/Bahuu (I-94) paaspoortii biyya alaa keessatti (akka LPRtti galmaa'uuf chaappaa agarsiisu).
- Ajaja Qajeelcha Dhimma Nageenya Biyya keessaa (DHS), Boordii Ol iyyannoo Immigireeshinii, ykn Abbaa Murtii Immigireeshinii galmee, biyyaa ari'uu dhaabuu, buqqifamuu haquu ykn haala sirreessuu kennuu.
- Nagahee USCIS irraa Unka I-90, iyyanni kaardii bakka bu'iinsa LPR, galmaa'uu isaa agarsiisu.

## **Koolugaltoota** – namoota dhuunfaa hayyamni qacarrii kennameef YKN umuriin isaanii waggaa 14 gadi ta'e qofa

- Galmee Dhufaatii/Ba'uu (I-94) (chaappaa kennuu koolugaltummaa agarsiisu waliin, "Asylee" ykn "§208").
- Galmee Dhufaatii/Ba'uu (I-94) paaspoortii biyya alaatiin (chaappaa koolu-galtummaa kennuu agarsiisu, "Asylee" ykn "§208").
- Ajaja koolu-galtummaa USCIS, DHS, Abbaa Murtii Immigireeshinii, Boordii Ol iyyannoo Immigireeshinii ykn mana-murtii federaalaatiin kennuu.
- Sanada Hayyama Qacarrii (Kaardii) (I-766) (jedhamee kan ibsame"A5").
- Sanada Imala Baqattootaa (I-571).
- Kaardii Jiraataa Dhaabbataa, "Green Card" (Giriin Kaardii) (I-551) "AS1," "AS2," "AS3," "AS4," "AS5," "AS6," "AS7" "AS8," "GA6," "GA7," "GA8") jechuun kan beekamudha.
    - YAADANNOO: Ibsi I-551 haala sirreeffama dura LPR kan mul'isu yoo ta'u kunis koolu-galtootaaf dhorkaa waggaa 5 irraa bilisa ta'uu qofaaf barbaachisaadha.

## Baqattoota

- Galmee Dhufaatii/Ba'uu (I-94/I-94A) (chaappaa "Baqataa" ykn "§207").
- Sanada Hayyama Qacarrii (Kaardii) (I-766) ("A3" jedhamee kan ibsame).
- Sanada Imala Baqattootaa (I-571).
- Kaardii Jiraataa Dhaabbataa, "Green Card" (Giriin Kaardii) (I-551) ("RE6," "RE7," "RE8," ykn "RE9" jedhamee yaadannoo ibsamu qabaachuu danda'a).
  - HUBACHIISA: jechaan ibsuun haala sirreeffama LPR dura mul'isa kunis baqattootaaf dhorkaa waggaa 5 irraa bilisa ta'uu qofaaf barbaachisaadha.
- Iyyata Hayyama Qacarrii (I-765), ykn nagahee USCIS irraa iyyata galmeessu agarsiisu.

## Haaldureedhaan kan seenu (CE) bara 1980 dura kenname

YAADANNOO: Kun haala immigireeshinii baqattootaaf seera baqattootaa bara 1980 dura itti fayyadamaniidha; irra caalaan isaanii LPRtti sirreeffamaniiru, haata'u malee tokko tokko sadarkaa CE qabatanii jiru.

- Galmee Dhufaatii/Ba'uu (I-94/I-94A) (haala akka "haal-duree seenu", "baqattoota haal-duree seenu" "Filannoo Torbaffaa", "§203(a)(7)" ykn "P7") agarsiisu).
- Sanada Hayyama Qacarrii (Kaardii) (I-766) ("A3" jedhamee kan ibsame).
- Kaardii Jiraataa Dhaabbataa ykn "Green Card" (Giriin Kaardii) (I-551) ("R86" jedhamee yaadannoo ibsamu qabaachuu danda'a).
  - YAADANNOO: Yaadannoon ibsamu kun haala sirreeffama LPR duraa kan mul'isu yoo ta'u kunis kan barbaachisaa ta'e namoota haal-duree seenaniif dhorkaa waggaa 5 irraa bilisa ta'uu qofaaf.

## Namoota dhuunfaa seera immigireeshinii ykn Konveenshinii Mormii Dararaa jalatti biyyaa ari'amuu dhorkuu ykn buqqifamuu dhorkuu isaaniif hayyamame

Odeeffannoon kun namoota dhuunfaa hayyamni qacarrii kennameef qofaaf.

- Sanada buqqifamuu dhorkuu agarsiisu (fkn ajaja biyyaa ari'amuu/buqqaafamuu dhorkuu USCIS, DHS, Abbaa Murtii Immigireeshinii, Boordii Ol iyyannoo Immigireeshinii, ykn mana-murtii federaalaatiin kenname).
- Sanada Hayyama Qacarrii (Kaardii) (I-766) ("A10" jedhamee kan ibsame).
- Ajajni bulchiinsaa buqqifamuu tursiisaa Qajeelcha Nageenya Biyya keessaatiin kenname.
- Galmee Dhufaatii/Ba'uu (I-94/I-94A) ("Ari'amuu Ittisuu," "§243(h)" ykn "§241(b)(3)" kan jedhu kan chaappaa qabu).
- Sanada Imala Baqattootaa (I-571).

## Namoota yoo xiqqaate waggaa tokkoof U.S. keessa akka turaniif dhiifama argatan

- Galmee Dhufaatii/Departure (I-94/I-94A) (chaappaa “parole” ykn “PIP” ykn “212(d)(5)” ykn afaan biraa haala dhiifama agarsiisuun).
- Sanada Hayyama Qacarrii (Kaardii) (I-766) (“A4” ykn “C11” jedhamee kan ibsame).
- Kaardii Hayyama Qacarrii fi Dursee Dhiifama (I-512) (sababni mirgi wabii seera Dambii Federaalaa Mata-duree 8 jalatti kenname waliin kan ibsame).
- Beeksisa ykn ajaja mana-murtii Abbaa-murtii Immigireeshinii irraa yoo xiqqaate waggaa tokkoof dhiifama kennuu.

## Namoota Kuubaa ykn Hayitii irraa seenan

- Galmee Dhufaatii/Ba’uu (I-94/I-94A) (chaappaa “Seensa Kuubaa/Heeyitii” agarsiisu yookiin mallattoo biroo kamiyyuu kan “dhiifama §212(d)(5) jalatti” agarsiisu, “CU6,” “CU7,” dabalatee, ykn “CH6,” kanneen biroo keessaa — bara 1980moota irraa eegalee baay’ee xiqqaadha).
- Sanada Hayyama Qacarrii (Kaardii) (I-766) (“C8,” ykn “C11” jedhamee kan ibsame).
- Chaappaa yeroof I-551 (passpoortii ykn I-94/I-94A irratti).
- Kaardii Jiraataa Dhaabbataa, “Green Card” (Giriin Kaardii) (I-551) (“CU6,” “CU7,” “CU8” jedhamee kan ibsame).
    - YAADANNOO: Yaadannoo ibsame I-551 haala sirreeffama LPR dura mul’isa kunis kan barbaachisaa ta’e Seensa Kuubaa/Hayitiif dhorkaa waggaa 5 irraa bilisa ta’uu qofaaf.
- Nagahee ykn beeksisa haala galmee ykn eegamaa jiru Iyyata Koolugaltummaafi qabachuu agarsiisu (I-589).

## Miidhaa mana keessaarraa hafee kan ulaagaa guutu

Warri fi/ykn mucaa haadha warraa ykn daa'ima U.S. keessatti haadha warraa, warra ykn fira maatii tokkoo kan Seera Miidhaa Dubartootaarratti Raawwatamu (VAWA) jalatti iyyata raggaasifame ykn dhiyaatee jiruun reebamee ykn miidhaan jabummaa garmaleen irra ga'e) f:

(1) Sadarkaa akka haadha/abbaa warraa ykn mucaa lammii U.S.,.
(2) Haala akka haadha/abbaa warraa ykn mucaa jiraataa dhaabbataa seera qabeessa U.S.,.
(3) Ari'amuu addaan kutuu, ykn
(4) Dhabamsiifamuu haquu.

- Beeksisa Tarkaanfii (I-797) ("I-360" kan hin xumuramne eeruun).
- Sanada Hayyama Qacarrii (Kaardii) (I-766) ("A10," "C14," "C9," "C10," "C14" ykn "C31" jedhamee kan ibsame).
- Nagahee ykn ragaa biroo galmee I-485 "Iyyata Jireenya Dhaabbataa Galmeessuu ykn Haala Sirreessuu."
- Sanadoonni kamiyyuu kan Ari'amuu addaan cituu ykn galmee buqqisuu haqamuu agarsiisan, nagahee mana-murtii immigireeshinii irraa Iyyata Ari'amuu Dhaabuu (EOIR-40) ykn Iyyata Haquu Buqqifamuu (EOIR-42) dhiyaachuu agarsiisu dabalatee.
- Nagahee ykn ragaa biraa iyyata viizaa I-130 fira dhiyoo (IR) ykn filannoo maatii lammaffaa (P-2) jalatti galmeessuun sadarkaa akka haadha/abbaa warraa ykn daa'imaatti agarsiisu.

## Miidhamaa namoota daddabarsuufi haadha/abbaaa warraasaa, mucaasaa, obboleessasaa ykn warrasaa

Yookaan namoota iyyata viizaa miidhamaa namoota daddabarsuu namaaf dhiyaatee hin xumuramne qaban.

- Mirkaneessa Waajjira Qubsuma Baqattootaa (ORR) irraa.
- Xalayaa ulaagaa guutuu ORR yoo umuriin isaa 18 gadi ta'e.
- Haalli mirkaneessaa karaa Sarara Mirkaneessa Qajeelcha Ministeera Fayyaa fi Tajaajila Namaa U.S. (866)-401-5510 mirkanaa'e.
- Sanada Hayyama Qacarrii (Kaardii) (I-766) ("A16," "C25" jedhamee kan ibsame).
- Beeksisa Tarkaanfii (I-797) ("Beeksisa Raggaasifamuu" "CP," "T-1"ykn " dheereffamuu T ykn U
  haala godaantota hin taane", "T-2," "T-3," "T-4," "T-5,").
- Kaardii Jiraataa Dhaabbataa, "Green Card" (Giriin Kaardii) (I-551) ("ST6," "ST7," "ST8," "ST9," ykn "ST0" jedhamee kan ibsame).
- Kaardii Hayyama Qacarrii fi Dhiifama Dursee (I-512) (hayyama dhiifama, haala "T-2," "T-3," "T-4," "T-5," agarsiisu).
- Iyyata T-Vizaa (I-914).

## Miseensa Gosa Indiyaa ykn Ameerikaan Indiyaan Kanaadaatti dhalate kan federaalaan beekamtii qabu

- Waraqaa ragaa Qajeelcha Biyya keessaa irraa hidda dhaloota Gosa Dhalattoota Ameerikaa mirkaneessu ykn sanada aangoo qabu kan biroo.
- Xalayaa Kutaa Dhimma Hindii Kanaadaa irraa, galmee dhalootaa ykn cuuphaa Reservation Hindii Kanaadaa irratti ba'e, ykn galmee Gosa ykn mana barumsaa kan Hindii Ameerikaa Kanaadaatti dhalatan yoo xiqqaate walakkaa hidda dhaloota Ameerikaa Hindii ta'uu isaanii mirkaneessan.

## (viizaa xalayaa), viizaa hojjetaa (kan akka H1, H-2A, H-2B), viizaa barattootaa, U-visa, T-visa fi viizaa biroo dabalatee nama sadarkaa godaantota hin taanerra jiru

- Waraqaa ragaa Ulaagaa Haala Barataa Godaantota Hin Taane (I-20) kan iyyannoo haala viizaa barattootaa (F-1s or F-2s).
- Waraqaa ragaa Ulaagaa Haala Daawwataa Jijjiirraa (DS2019) kan iyyannoo haala viizaa daawwataa jijjiirraa (J-1s ykn J-2s) deeggaru.
- Galmee Dhufaatii/Ba'uu (I-94/I-94A) (haala U baqataa hin taaneen gara U.S. seenuu kan agarsiisu) Paaspoortii Biyya Alaa (viizaa baqataa hin taane waliin gara U.S. seenuu kan agarsiisu).
- Beeksisa Tarkaanfii (I-797) ("Haala godaantota hin taane kennuu," "Haala godaantota hin taane dheeressuuf/jijjiiruuf iyyata raggaasisuu).
- Sanada Hayyama Qacarrii (Kaardii) (I-766) (haala godaantota hin taane agarsiisu).
- Ragaa mirkaneessituu Unka I-918 dhiyaachuu.
- Nagahee Unka I-102 ykn I-918.

## Lammiileen Maaykirooneeshiyaa, Odoola Maarshaal fi Paalaawu

- Galmee Dhufaatii/Ba'uu (I-94/I-94A).
- Paaspoortii Biyya Alaa ("CFA/RMI," "CFA/FSM" ykn "CFA/PAL" jedhamee kan ibsame."
- Sanada Hayyama Qaxarrii (Kaardii) (I-766) ("A8" jedhamee kan ibsame).

## Jiraattota Yeroo Seera Qaban

- Sanada Hayyama Qacarrii (Kaardii) (I-766) ("A2" jedhamee kan ibsame, ykn ragaa biroo "§210" ykn "§245A" jalatti ulaagaa guutuu agarsiisu waliin).
- Iyyata Jireenya Yeroo irraa gara Jireenya Dhaabbataa INA §245A (I-698) jalatti Sirreessuu.

## Namoota Haala Yeroo Eegumsa Qaban (TPS)

Namoota dhuunfaa hayyamni hojii kennameef qofa.

- Sanada Hayyama Qacarrii (Kaardii) (I-766) ("A12" jedhamee kan ibsame).
- Beeksisa Tarkaanfii (I-797) (haala TPS irra jiru kennuu agarsiisu).

## Namoota Dirqamaan Akka Deeman Gochuun Tursiifameef (DED).

- Sanada Hayyama Qacarrii (Kaardii) (I-766) ("A11" jedhamee kan ibsame).

## Namoota Haala Tarkaanfii Irra Jiraniin Ilaaluun Tursiifameef

- Beeksisa Tarkaanfii (I-797) (haala "tarkaanfii yeroo biraatti darbe" raggaasifamuu agarsiisu).
- Sanada Hayyama Qacarrii (Kaardii) (I-766) ("C14" ykn "C33" jedhamee kan ibsame).

## Fayyadamtoota Tokkummaa Maatii

- Beeksisa Tarkaanfii (I-797) ("Iyyata Tokkummaa Maatii (I-817)" kan agarsiisu).
- Sanada Hayyama Qacarrii (Kaardii) (I-766) ("A13" jedhamee kan ibsame).

## **Namoota Ajaja To'annoo qaban** - namoota hayyamni qacarrii kennameef qofa

- Beeksisa ykn unka "Ajaja To'annoo" jalatti gadhiifamuu agarsiisu.
- Sanada Hayyama Qaxarrii (Kaardii) (I-766).

## Jiraattonni Ameerikaa Saamo'aa

- Sanada namni sun jiraataa Ameerikaa Saamo'aa ta'uu ykn keessa jiraatu agarsiisu.

## **Iyyattoota galmaa'an** - namoota hayyamni qaxarrii kennameef qofa

- Nagahee ykn beeksisa galmee Unka I-485 "Iyyata Jireenya Dhaabbataa Galmeessuu ykn Haala Sirreessuu" agarsiisu.
- Sanada Hayyama Qaxarrii (Kaardii) (I-766).

## Iyyattoonni sadarkaa armaan gadiirratti argaman keessaa kamiyyuu:

- Haala Eegumsa Yeroo **irra** jiruun (TPS) Hayyama Qacarrii qofaan.
    - Nagahee ykn beeksisa haala galmee ykn eegamaarra jiru agarsiisu “Iyyata Haala Yeroo Eegumsa” (I-821).
    - Sanada Hayyama Qacarrii (Kaardii) (I-766) (“C19” jedhamee kan ibsame).
- Sirreeffama Haala LPR irra jiruu.
    - Beeksisa Tarkaanfii (I-797) (Beeksisa Muudama ASC Gosa Dhimmaa “I-485 Iyyata...,” “Gahee Iyyata Hayyama Qacarrii C9 irratti hundaa’e” wajjin).
    - Sanada Hayyama Qacarrii (Kaardii) (I-766) (fkn. “C9” ykn “C9P” kan yaadannoo qabu).
    - Kaardii Hayyama Qacarrii fi Dursee Dhiifama (I-512) (hayyama dhiifama, iyyataa sirreeffama haalaa agarsiisu).
    - Nagahee haala galmee ykn eegamaa jiru agarsiisu Unka I-485 “Iyyata Jireenya Dhaabbataa Galmeessuu ykn Haala Sirreessuu.”
- IRCA ykn Seera LIFE jalatti seera qabeessa ta’uu hayyama qacarrii qofaan.
    - Sanada Hayyama Qacarrii (Kaardii)(I-766) (“Iyyata Jireenya Yeroo INA §245A jalatti” (I-687) jalatti kan ibsame).
    - Paaspoortii Biyya Alaa (chaappaa ykn barreeffama qondaala INS/DHS, “Iyyata §245A” akka hin eegamne agarsiisu).
- Haala Dargaggoota Godaantotaa Addaa.
    - Beeksisa Tarkaanfii (I-797) (“Beeksisa Raggaasifamuu Dargaggoota Godaantotaa Addaa,” “Beeksisa Simannaa/Raggaasifamuu I-485,” ykn “Bu’uura Sirreeffama Biroo SL6”).
    - Kaardii Jiraataa Dhaabbataa, “Green Card” (Giriin Kaardii) (I-551) (“SL6” koodii qabu).
- Koolu-galtummaa ykn Ari’amuu/Buqqa’uu dhorkuu, iyyattoota Konveenshinii Farra Dararaa (CAT) jalatti hayyama qacarrii qaban qofa dabalatee ykn umuriin isaanii waggaa 14 gadi ta’e dabalatee.
    - Sanada Hayyama Qacarrii (Kaardii) (I-766) (“C8” jedhamee kan ibsame).
    - Nagahee ykn beeksisa haala galmee ykn eegamaa jiru agarsiisu “Iyyata Koolugaltummaafi Ugguraa” (I-589).
    - Viizaa miidhamtoota namoota daddabarsuu.

- Seerota immigireeshinii jalatti ykn Konveenshinii Farra Dararaa (CAT) jalatti hayyama qacarrii qofaan biyyaa ari’uu, ykn Buqqisuu dhorkuu.
    - Hayyama qacarriitiin Buqqisuu ykn Biyyarraa Ari’amuu Haquu.
    - Nagahee ykn Beeksisa Unka EOIR-40, EOIR-42, ykn “Iyyata Ari’amuu Dhaabbii ykn Seera Addaa Haquu Buqqisuu” (I-881) galmee agarsiisu.
    - Sanada Hayyama Qaxarrii (Kaardii) (I-766).

# Ragaa mirkaneessituu lammummaafi lammii U.S

## Ragaa mirkaneessituu jalqabaa (kophaa isaa) lammummaa

- Paaspoortii U.S./ Kaardii Paaspoortii U.S. (yeroo yeroon isaa darbellee ammallee hojiirra oola).
- ID ykn Hayyama Konkolaachisummaa Fooyya’e (“Enhanced” [Fooyya’e] jechuu qaba) Ebla 2024 irraa eegalee, Michigaan, Mineesotaa, Niw Yoork, Vermont fi isteetii Washingitan qofa keessatti kan dhiyaatu.
- Kaardii Neksas (kan yeroon isaa hin xumuramne).
- Ragaa Lammummaa U.S.
    - Unka INS N-560.
    - Unka INS N-561.
- Ragaa Naturalization.
    - INS unka N-550, N-570, N-578, ykn N-565 qaba.
- Ragaa sanadaa Gosa Dhalataa Ameerikaa Indiyaa ykn Alaskaa kan federaalaan beekamtii qabuun ba’e. Sanadoonni nama maqaa isaatiin adda baasuufi miseensummaa, galmee, ykn walitti dhufeenya Gosa sanaa mirkaneessuu qabu. Sanadoonni kanneen armaan gadii kan hammatu ta’us kanneen kanaan hin daangeffamne:
    - Kaardii galmee Gosaa.
    - Waraqaa ragaa Digirii Dhiiga Indiyaa.
    - Sanada lakkoofsa gosootaa.
    - Sanadoota xalayaa Gosaarratti hogganaa Gosaatiin mallattaa'e.

## Ragaa lammummaa sadarkaa lammaffaa

Iyyataan tokko ragaalee jalqabaa (kophaa isaa) armaan olitti ibsaman keessaa tokkollee yoo hin qabaanne, iyyataan sanadoota lama (ragaa sadarkaa lammaffaa), tokkoo tokkoo tarreewwan armaan gadiirraa tokko dhiyeessu qaba. YAADANNOO: Sanadoonni eenyummaa yeroon isaanii darbe akka ragaa eenyummaatti fudhatama qaba.

| Sanadoota armaan gadii keessaa tokko: | FI sanadoota armaan gadii keessaa tokko: |
|---|---|
| • Waraqaa ragaa dhalootaa ummataa U.S<br>• Gabaasa Qoontsilaa Dhaloota Biyya Alaa (FS-240, CRBA).<br>• Mirkaneessa Gabaasa Dhalootaa (DS-1350)<br>• Waraqaa mirkaneessa Dhaloota Biyya Alaa (FS-545)<br>• Waraqaa Eenyummaa Lammii Ameerikaa (I-197 ykn isa duraa I-179)<br>• Kaardii Maariyaanaa Kaabaa (I-873)<br>• Labsii guddifachaa dhumaa maqaa nama sanaafi bakka dhaloota U.S. agarsiisu<br>• Galmeen Qacarrii Siivil Sarvisii U.S. kan qacarrii waxabajji 1, 1976 dura agarsiisu<br>• Galmeen waraanaa bakka dhaloota U.S. agarsiisu<br>• Galmeen yaalaa U.S. kilinika, hospitaala, hakiima, deessiftuu ykn dhaabbata irraa bakka dhaloota U.S. agarsiisu<br>• Galmee jireenyaa, fayyaa ykn inshuraansii biroo U.S. kan bakka dhaloota U.S. agarsiisu<br>• Galmeen amantii bakka dhaloota U.S. agarsiisu kan U.S. keessatti galmaa'e.<br>• Galmee mana barumsaa maqaa daa'imaa fi bakka dhaloota U.S. agarsiisu<br>• Galmeen lakkoofsa ummataa Federaalaa ykn Naannoo kan lammummaa U.S. ykn bakka dhaloota U.S. agarsiisu<br>• Dokumantarii daa'ima guddifachaa biyya alaatii dhalatee fi lammummaa U.S. | Sanadni suuraa ykn odeeffannoo biroo, kan akka maqaa, umurii, sanyii, dheerina, ulfaatina, halluu ijaa ykn teessoo qabaachuu qaba<br>• Hayyama konkolaachisummaa Naannoo ykn Naannootiin kenname ykn waraqaa eenyummaa mootummaa Federaalaa, naannoo, ykn naannootiin kenname<br>• Waraqaa eenyummaa mana barumsaa<br>• Kaardii waraanaa U.S. ykn galmee wixinee ykn waraqaa eenyummaa hirkataa waraanaa<br>• Kaardii Daldalaa Mariineer Eegdota Galaanaa U.S<br>• Kaardii Galmee Filattootaa<br>• Galmee kilinikaa, hakiima, hospitaala, ykn mana-barumsaa, galmee kunuunsa mana-barumsaa duraa ykn guyyaa dabalatee (daa'imman waggaa 19 gadii).<br>• Sanadoota lama odeeffannoo walfakkaataa eenyummaa keessan mirkaneessu of keessaa qaban, kan akka waraqaa eenyummaa hojjechiisaa, dippiloomaa mana-barumsaa sadarkaa lammaffaafi kolleejjii, ragaa gaa'elaa, labsii wal hiikuu, sanada qabeenyaa ykn qabiyyee. |

| | |
|---|---|
| ofumaan argate (IR3 ykn IH3)<br>• Nagahee Galmee Kaffaltii Dhuunfaa (INS Unka G-711)<br>• Walsimsiisa daataa Sirna Mirkaneessa Ormaa Mirgoota (SAVE) ykn adeemsa biroo kamiyyuu kan qajeelcha Nageenya Biyya keessaa namni tokko lammii ta'uu isaa mirkaneessuuf hundeesse | |

# Uwwisa inshuraansii fayyaa kan biraa akka hin jirre raga mrkaneessu

## Medicare argachuuf ulaagaa guutuu akka hin qabne raga mirkaneessu

YAADANNOO: Yoo Medicare argachuuf ulaagaa guuttan (galmaa'us ta'uu baattanis) hir'ina gibiraa argachuuf ulaagaa hin guuttu.

- Xalayaa ykn ibsa faayidaa Medicare kan kana booda faayidaa Medicare argachuuf ulaagaa guutuu akka hin qabne mirkaneessu. Xalayaan guyyaa yeroo dhumaaf Medicare argachuuf ulaagaa guutte of keessatti qabachuu qaba.
- Kaardii galmee Medicare kee (kana booda yoo kaardii galmee qabaatte gibira hir'isuuf ulaagaa hin guuttu).
- Labsii Unka Uwwisa Inshuraansii Fayyaa Biroof Ulaagaa Guutuu Dhabuu HBE 13-010. Unka kana https://www.wahealthplanfinder.org/content/dam/wahbe-assets/materials/declaration-of-ineligibility-for-other-coverage/HBE_NC_161219_Declaration_Of_Ineligibility_Form.pdf

Seerrii Kunuunsa Gatiin Isaa Gahaa akka jedhutti, yoo faayidaa Medicare argachuuf ulaagaa guuttan, galmaa'uufi dhiisuu keessan osoo hin ilaaliin, kana booda gibira hir'isuuf ulaagaa hin guuttan. Yoo Medicare argachuuf ulaagaa guuttaaniifi hir'ina gibiraa argattan, dhuma waggaarratti yeroo ibsa gibiraa IRS kee ssangalchitan hir'ina gibiraa sana deebiftanii kaffaluun hin oolu.

## Inshuraansii fayyaa hawaasaa biroo keessatti akka hin galmoofne raga mirkaneessu

- Xalayaa ofumaan mirkanaa'e kan uwwisa biraa akka hin qabne ibsu mallattaa'e.
- Labsii Unka Uwwisa Inshuraansii Fayyaa Biroof Ulaagaa Guutuu Dhabuu HBE 13-010. Unkaan kun https://www.wahealthplanfinder.org/content/dam/wahbe-assets/materials/declaration-of-ineligibility-for-other-coverage/HBE_NC_161219_Declaration_Of_Ineligibility_Form.pdf

- Koppii imaammata inshuraansii ykn kaardii guyyaa galmeen jalqabuu ykn guyyaa xumuraa agarsiisu.
- Ibsa faayidaa fayyaa kan mirkaneessa uwwisa fayyaafi guyyaa xumuraa kennu.
- Xalayaa hojii dhaabuu dhaabbata inshuraansiirraa.
- Xalayaa Bulchiinsa Qabsaa'ota Wareegamtootaarraa kan uwwisni fayyaa duraanii kamiyyuu addaan cituu agarsiisu, kunis guyyaa xumuraa kan dabalatudha.
- Xalayaa *Peace Corps* irraa kan uwwisni fayyaa kanaan duraa kaddaan cituu agarsiisu, kunis guyyaa xumuraa kan dabalatudha.
- Xalayaa ykn ibsa Waashingitan Apple Health, Medicaid ykn Sagantaa Inshuraansii Fayyaa Daa'immanii (CHIP) irraa kan uwwisni duraanii addaan cituu mirkaneessu, kunis guyyaa xumuraa kan dabalatudha.

# Ragaa irkaneessaa hidhamuu dhabuu

- Waraqaa gadhiifamuu ofiisaa dhaabbaticha ykn Kutaa Sirreessaa irraa.
- Waraqaa dhiifama.
- Unka Ragaa Hidhaa asirraa https://www.wahealthplanfinder.org/content/dam/wahbe-assets/materials/proof-of-non-incarceration/HBE_NC_161219_Declaration_Of_Non_Incarceration_Form.pdf
- ID mootummaa yeroon isaa hin xumuramne, hayyama konkolaachisummaa, waraqaa eenyummaa hojii, paaspoortii Ameerikaa, Kaardii Jiraataa Dhaabbataa Seeraa (I-551), ykn Kaardii Hayyama Qaxarrii (I-766).
- Nagaheewwan ittiin kaffalame
- Xalayaa faayidaa federaalaa, isteetii ykn naannoo.
- Galmee kilinikaa, doktora, ykn hospitaalaa tajaajila kennameef.
- Ibsa himannaa yaalaa faayidaa kenname.
- Galmee/sagantaa mana-barumsaa galmee agarsiisu (i.e., barattoota kolleejjiitiif).
- Ibsa baankii ykn kaardii liqii seenaa daldalaa agarsiisu (maqaa namaa gaaffii keessa jiruu qofa agarsiisu; herrega waliinii hin qabu).
- Galmee waraanaa.
- Kaffaltii bilbila harkaa (maqaa namaa gaaffii keessa jiruu qofa agarsiisu).
- Liizii (liizii sochii qabu bakka namni dhuunfaa sun yeroo ammaa jiraatu ta'uu qaba).
- Ibsa hayyama lammummaa mallattaa'e namaa hidhaa sobaa wal hin simne jedhame hawaasa keessa jiraachaa akka jiran agarsiisuufi maqaa, guyyaa dhalootaafi teessoo isaanii kan hammate.

- Nagahee kiraa (maqaa nama dhuunfaa hidhaa sobaa wal hin simne qofa agarsiisu).
- Ibsa barreeffamaa nama hawaasa keessaa irraa kenname kan maqaa, guyyaa dhalootaa, teessoo, lakkoofsa bilbilaa, hariiroo isaan nama dhuunfaa waliin qaban kan hidhaa sobaan wal hin simne jedhame waliin qaban fi namni dhuunfaa sun hawaasa keessatti argamu fi hirmaachuu isaa ibsu.

# Ragaa Lakkoofsa Wabii Hawaasummaa (SSN)

- Kaardii nageenya hawaasaa
- Unka(wwan) gibiraa.
- Ibsa faayidaa ykn galii Wabii Hawaasummaa irraa SSN kee of keessaa qabu.
- Iyyata SSN tokkoof eegamaa jira.
- Xalayaa Wabii Hawaasummaa irraa SSN argachuuf ulaagaa guutuu akka hin qabne ykn SSN hojii hin taane qofaaf ulaagaa guutuu akka qabdu ibsu.
- Xalayaa mormii amantii hundeeffameef SSN argachuu akka didde ibsu.
- Kaardii Galmee Gosaa kan maqaa fi SSN guutuu agarsiisu.

# Ragaa Mirkaneessaa miseensummaa Gosaa

- Kaardii galmee/miseensummaa gosaa (yeroon isaa darbuu danda'a).
- Sanada dhugaa Gosa tokko irraa miseensummaa nama dhuunfaa labsu.
- I-872 Kaardii Hindii Ameerikaa.
- U.S. American Indian/Alaska Native Tribal galmee ykn sanada abbootii aksiyoonaa.

Sanada galmee ykn miseensummaa Gosa beekamtii federaalaa qabu ykn Biiroo Dhimma Hindii irraa. Mata duree xalayaa Gosaa ykn kaardii galmee/miseensummaa kan chaappaa Gosaa fi/ykn mallattoo ofiisaa of keessaa qabu irratti ta'uu qaba.

  - Sanada ganda/Gosa Dhalootaan Alaska, ykn Seera Qubsuma Dhaabbata Dhalootaan Alaska (ANCSA) korporeeshinii naannoo ykn gandaa sadarkaa abbaa aksiyoonaa beekamtii kennuun ba'e.

- Ragaa Digirii Dhiiga Hindii (CDIB) Boordii Dhimma Hindii ykn Gosa tokkoon kenname, yoo CDIB odeeffannoo galmee Gosaa hammate.
- Xalayaa Ministeera Fayyaafi Tajaajila Namaa U.S. (HHS) irraa miseensummaa Gosaa ykn sadarkaa abbaa aksiyoonaa Dhalataa Alaska irratti hundaa'uun bilisa Gosa kennuu.
- Stub ykn ibsa kaffaltii mataa mataa.